Ilaalcha tasaa irraa ergamaa Rabbii gaafannaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ija koo akkan naannessu na ajajani

Jariir ibnu Abdullaah irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ilaalcha tasaa irraa ergamaa Rabbii gaafannaan -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ija koo akkan naannessu na ajajani.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Jariir ibnu Abdullaah -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ilaacha akka tasaa osoo hin yaadin dhiirri dubartii ajnabii ilaalu irraa nabiyyii gaafate -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- isaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkuma beekeen ija isaatiin gara biraa ilaaluun dirqama akka isa irratti ta'e isa ajajani, badiin immoo isa irra hin jiru.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/8902